homes victoria
50 Lonsdale Street,
Melbourne Victoria 3000
GPO Box 4057, Melbourne Victoria 3001
DX 210081

**OFFICIAL**

Jiraataa
2 Simmons Street and 1 Surrey Road
SOUTH YARRA

Kabajamoo jiraatoo

Waa’ee adeemsa Ijaarsa Mana Jireenyaa Gurguddaa Hooms Viktooriyaa fi sagantaa irra deebiin misoomsuu sadarkaa olaanaa isin beeksisuuf isiniif barreessaa jirra.

Sagantaa gulantaa itti aanuu amma bakkewwan haaraa 7tti adeemsifamaa jira. Kana jechuun mana jireenyaa fooyya’aa, nageenya qabuu fi mijataa ta’e jiraattota ammaa fi gara fuulduraatti naannoo magaalaa 9 keessa jiraataniif qopheessaa jirra jechuudha.

Beeksisni har’aa kun manneen olka’oo naannoo keessan jiran irratti dhiibbaa kan qabu yoo ta’u jiraattota gamoo olka’aa kana keessa jiraatan waliin yeroo hunda wal qunnamtii qabaachaa jirra. **Gamoo yookiin mana keessanirratti dhiibbaa hin qabu.**

## Har'a maaltu labsame?

Har'a, waa'ee gamoowwan kanneen deebisanii ijaaruu irratti jiraattota waliin haasofne:

- 25 fi 27 Kiing Stiriit, Piraan
- 150 Viktooriyaa Aveenuu, Albert Paark
- 150 Inkerman Stiriit, Sent Kildaa
- 159 Melrooz Stirrit, Noorz Melboorn
- 29 Kraawun Stiriit, Flemingtan
- 94 Ormoond Stiriit, Kensingtan

**Adoolessa 2026 irraa eegalee hanga Guraandhala 2028tti,** miseensota maatii kana gara mana mijataatti dabarsuuf walitti dhiheenyaan hojjenna.

## Manneen haaraa naannoo keenyatti ijaaraa jirra

Filannoo qubsuma jiraattota kanaa deeggaruuf manneen jireenyaa haaraa qulqullina qabu duraanuu naannoo sanatti hojjetamaa jiru. Kanneen bara kana keessa xumuraman yoo ta'u kanneen armaan gadii dabalatu:

- Esseks Stiriit, Piraan
- Baraak Beeken, Poort Melboorn
- Saymens Stiriit, Saawuz Yaaraa
- Hooland Koort, Flemingtan

Manneen kanneen ho’uu fi qabbaneessuuf salphaa akkasumas, namoota fedhii sochii qabaniif mijataa, nageenya, ifaafi afarsituu qilleensaa fooyya’aa akkasumas barandaa fi kutaa miiccaa dhuunfaa kan qabanidha.

## Ollaa keessanitti

Miseensota maatii hafan kan daandii 259 Malvern Rood, Saawuz Yaaraa gargaaruu itti fufneerra. Miseensonni maatii 90% ol tahan dursanii godaananiiru, yookiis sochii godaansaa irra jiru akkasumas kanneen hafan hunduu hanga Guraandhala 2026tti godaanuuf jiru.

Gama biraatiin, manneen haaraa fi tajaajiloonni hawaasaa kan misooma Simmons Street fi Essex Street keessatti argaman bara kana keessa ni xumurumu. Akkasumas sagantaa suphaa keenya masaraawwan hafan hunda irratti nageenya fooyya’aa fi dhaabbii to’attuu qilleensaaf dursa kennuu qophaa’uu dabalatee itti fufnee jirra.

## Waa'ee sagantaa deebisanii ijaaruu

Manneen olka’oon durii Melboorn manneen haaraa sadarkaa ammayyaa mijataa, dhaqqabummaa fi anniisaa qusachuu guutaniin bakka bu’u. Gamoowwan kana irra deebiin misoomsuun jiraattonni ammas ta’e gara fuulduraatti mana nageenya qabu, mijataa fi fedhii isaaniif malu keessa jiraachuu akka danda’an mirkaneessaa jirra.

Jiraattonni hundi karoora manneen haaraa fi dizaayinoota naannoo irratti ni mariisifamu. Deebisanii qubachuun kana booda hanga Amajjii 2028tti hin jiraatu.

## Nu waliin turuudhaan odeeffannoo haaraa argadhaa

Manni keessan qaama sadarkaa irra deebiin misoomsuu manneen olka’aa kanaa miti, garuu jijjiiramna naannoo keessan keessatti uumamu hubachuu dandeessu. Sadarkaa pirojaktichaa hundaatti odeeffannoo haaraa isiniif kennuuf isin waliin jirra.

Akkasumaswaan naannoo keessanitti ta’aa jiru ilaaluuf marsariitii keenya homes.vic.gov.au dawwachuu akkasumas odeeffannoo haaraa argachuuf galmaa’uu dandeessu.

Kabajaa wajjin

**Simon Newport**
Hojii Gaggeessaa Olaanaa
Hooms Viktooriyaa

28/01/2026